مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني – إثيوبيا

# UNDERSTANDING MAQASID AL-SHARIAH

## A Contemporary Perspective

**Musfir Bin Ali Al-Qahtani**

# ERGAALEE SHARI'AA HUBACHUU ILAALCHA AMMAYYAAWAA

**Qopheessaan:**
Musfir Bin-Ali Al-Qahxaanii

**Hiikaan:**
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa **2021**

# UNDERSTANDING
# *Maqasid al-Shari'ah*

A CONTEMPORARY PERSPECTIVE

Musfir bin Ali al-Qahtani

# *Ergaalee Shari'aa*
# Hubachuu
# Ilaalcha Ammayyaawaa
# Qopheessaan:

## Musfir Bin-Ali Al-Qahxaanii

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2021 G.C**

**DF-E-TrBs -21/87**

## Kitaabota Gaggabaaboo Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa

Kitaabonni Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa walitti fufiinsaan fi gabaabinaan dhihaatan kunniin maxxansaalee dhaabbatichaa kan furtuu ta'an irraa walitti qindeeffamanii kan qopheeffaman yoo ta'an, dubbiftootaaf yaada ijoo fi qabiyyee muumee irraa hubanaa gahaa akka argatan yaadameeti. Kitaabonni kunniin, gabaabinaan qophaa'uun, dubbisuuf salphaa ta'uun, barruuwwan gurguddoon maxxanfaman irraa of eeggannoon kan gulaalamaniifi dubbiftoota kakaasuufi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deeman godhuuf fayyadu. Ammas qorannoo dabalataaf gara kitaaba jalqabaa dubbisutti akka nama kakaasu abdii qaba

***Ergaa Shari'aa Hubachuu: Ilaalcha Ammayyaawaa***

Kitaabni jedhu guddina seeraa Replace with kaayyoowwanii fi dhimmoota ittiin bulmaata Muslimaa qaban, kan akeekni isaanii adeemsa ykn mala haarawa barruulee fi haaromsa ilaalcha Muslimaa fi itti fayyadama isaa ittiin hubatanitti nama yaama. Barreessaan barbaachisummaa Ergaalee shari'aa isa bu'uuraa fi isa damee (isa lammataa) beekuun barbaachisaa ta'utti akeeka. Al-Qahxaaniin kaayyoowwan shari'aa qixa sirrii ta'een hubachuun dagaagina namaa fi aadaa hawaasa Muslimaatiif bu'aa guddaa qaba jedhee amana.

Ciminni dhugaa hojii kanaa garuu, *Ergaalee* ol'aanoo fi akeeka kanneen dhimmoota seeraatiif fayyadamuu danda'uudha. Fakkeenyaaf, murteewwan amantii (fatwa), hawaasummaa, kanneen akka mankaraarsummaa, duulaa, Wantoota hayyamamanitti nama ajajuu fi kan sirrii hin ta'in

irraa nama dhoorguu, jijjiirama hawaasummaa, gaaga'ama ilaalchaa fi qor-qalbii Muslimaa, daangaa dabriinsa amantii, barbaachisummaa bashannanaa fi boqonnaa, sabummaa, waldanda'uu fi hawaasummaa, gahee dubartii Muslimaa hawaasa keessatti qabdu fa'a ibsuuf jecha.

---

Maxxansa barruu Musfir bin-Ali al-Qahxaanii irraa gabaabbate qophaa'e
*Ergaawwan Shari'aa Hubachuu:*
*Ilaalcha Ammayyaawaa*
Kateriin Bulookiin
ISBN hbk: 978-1-56564-668-1
ISBN pbk: 978-1-56564-666-7
2015

# SEENSA

Hojiin kun yaalii saayinsii ergaalee Shari'aa taateewwan ammayyaatiif fayyadamuuf godhameedha. Adeemsi akkasii "hubannaa galmoota" yoo jedhamu, ergaa galmoota seera Islaamaa hubachuu of keessatti qabata. Kallattii kanaan yoo hojiiwwan as dura hojjataman xiyyeeffannaa keessa galchine jijjiirama sirrii fi haaromsa dhugaa fiduu ni dandeenya.

Jechi *ergaalee* jedhu jecha danuu qeenxeen isaa ergaa jedhu yemmuu ta'u, ergaawwan kanneen dabarsa: 1) akeeka wanti tokko ta'ee argamuu, fuulduratti raawwatuu qabaachuu, 2) karaan qajeela ta'uu, 3) haqummaa, giddu-galeessuummaa fi qisaasuu dhabuu dha. Kanarraa ka'uun ergaalee jechuun wantoota Shari'aan ittiin bulmaata isaa keessatti irratti xiyyeeffatuu fi irratti qabsaa'u, kan madaalawaa ta'ee fi giddu-galeessa ta'e jechuudha.

Seerotaa fi ittiin bulmaatni kamiyyuu bu'aa argamu dhugoomsuu, miidhaa hambisuu, ykn nama tokko balaa fi jallina irraa eeguu irratti xiyyeeffatu. Gabaabinnaaan, Shari'aan kan irratti fuulleffatu: akeeka galmoota walii galaa kanneen gammachuu namaaf argamsiisan dhugoomsuu, seeraa fi heerri kabajamuu, dhalli namaa sadarkaa qulqullinaatti dhihaachuu, gaarummaa fi qaroonimaatti ga'uu fa'a. Wanti ittiin bulmaata keessa jiru cufti bu'aa argamsiisuu waliin hidhata qabaata. Gabaabatti, kaayyoon isaa, battalattis ta'us ykn yeroo dheeraan booda ta'us bu'aa argamsiisuu fi wanti inni irraa dhoorgu hunduu immoo miidhaa fi badii hunda dhaabsisuufi.

Qorannoon heeraa fi bu'uura ittiin bulmaata seeraa bal'aan akka addeessuutti, ergaalee Shari'aa hubachuun galmoota nageenummaa dhala namaa kan har'aa fi boruu akka dhugoomsuudha. Dursa, akkuma Rabbiin (S.W) Qur'aana keessatti bakkoota heddutti nutti himutti, Inni Maleessa (ogeessa) Al-Hakim kan ta'ee fi mallattoon kun ammoo seeronni Isaa sirnaan itti yaadamanii kan qindaa'an ta'uu dirqamsiisa. Lammaffaa, Rabbiin (S.W) Qur'aana keessatti iddoo baay'etti akka nutti himutti, Inni irra hedduu Gara-laafessa (Merciful), kan gaarummaa isaa nu gabroota Isaatti mul'isu, waan isaaniif (gabroota isaatiif uume, waan isaan itti ajajee fi waan isaaniif seera (karaa) godheef isaan hubachiisuuf jecha. Sadaffaa, keeyyattoonni Qur'aanaa hedduun Rabbiin waan "akkanaa akkanaa" "sababa kana kanaaf" akka uume nutti mul'isan. Afraffaa, barruuleen hedduun Qur'aanaa fi Hadiisa Nabiyyii (SAW) kaayyoowwan Shari'aa waliigalaa fi muraasa kan miidhaan hin barbaachifne namarra gayuu maaliif akka hin qabne ibsan fa'as addeessee jira, Shanaffaa, barruuleen waliigalaa kanneen bu'aalee argaman hunda dhugoomsuu of keessatti qabatan ni mul'atu.

Dhugaan wanta kana dhugoomsus jira. Kan duraa, seeronni qaroominaa fi galmoota barbaadaman irraa maqan kan baafaman nama waan hojjatu hin beekneen, ykn immoo beekumsa Rabbii guddaa hin hubanneen yoo ta'an, galmoonni akksii Isa hunda beekuu fi aangoo guutuu qabu biratti bakka hin qabaatan. Lammaffaa, wanti amanuun nama hin dhibne tokko Rabbiin (SW) qananii ykn bal'ina gabroota isaa ni eega. Sadaffaa, Rabbiin (SW) dhala namaa kabaja irratti buusee ykn

kabajamaa godheeti dandeettii isaan ittiin nageenyummaa isaanii eeggatan kenneef. Afraffaa, wanti akka waliigalaatti beekkamu tokko, sirni tokko faaydaa argamsiisuuf ykn miidhaa wayii dhaabsisuuf kan fuulleffate yoo hin taane, sirni sun sirna kufaa dha.

Ergaalee Shari'aa kana adeemsota saditti addaan qooduun ni danda'ama). Adeemsi jalqabaa gosoota bu'uuwwan ykn ergaalee seerri Islaamaa eegu irratti xiyyeeffata. Hayyoonni, kanneen akka Imaam al-Gazaalii, Ibni Abd al-Shakuur, Ibni al-Subkii fi al-Fattuuhii (Ibni al-Najjaar), akeekaawwan kanniin akka: amantii tiiysuu, lubbuu tiiysuu, sammuu tiiysuu, dhaloota tiiysuu fi qabeenya tiiysutti qoqoodu. Hundeen seera Islaamaa bu'uuraalee kanneen kunuunsuudha.

Ergaaleen barbaachisoon (*maqasid hajiyyah*) kanneen namoota miidhaa irraa ittisan yoo ta'an, seerri Islaamaa kan laafinnatti ajajuu, bakka kadhannaattis ta'ee sochiiwwaan hawaasaa fi maallaqaa guyyaa guyyaa keessatti yakkaa, balaa fi gaaga'ama kan dhoowwuudha. Kanaaf, wantoonni kunniin bakka hin jirretti waliindhahiinsa, jeequmsa kadhanaa fi jireenyaatu uumama. ergaaleen barbaachisoon barbaachisummaan isaanii ergaalee bu'uuraatii gadi (*maqasid daruriyyah*) irra laafaadha.

Ergaaleen dabalataa (*maqasid tahsiniyyah*) immoo wantoota namni tokko akka lubbuun jiraatuuf murteessoo hin ta'in, kanneen garuu jireenya bareeda ykn gammachuu jiraachuuf fayyadaniidha. Fakkeenyaaf, amalootaa fi safuuwwan namoonni dhuunfaa fi hawaasni tokko daandii jireenyaa ittiin miidhagsuuf moggaafatu, kanneen namoonni keessoo fi gochoota isaanii ittiin fooyyessaniidha. Haata'u malee,

ergaaleen kunniin yoo hin raawwatin, namuu hin miidhamu. Bu'uura seeraatu maalummaa ergaalee sana adda baasa; kana jechuun: ergaalee barbaachisoo ykn ergaalee dabalataa ta'uu isaanii.

Adeemsi lammataa kan ergaalee Shari'aa qoqqooduuf fayyadu barbaachisummaa ykn ariifannaa dhimmaa fi bu'uuwwanii kan dabalataan gosoota lamaan sana qoqooduuf gargaaraniidha. Akaakuun duraa akeekaawwan jalqabaa (*al-maqasid asliyyah*) kan jedhaman yoo ta'an, akaakuuwwan seera-baaftotaa kanneen bu'aawwan bu'uuraarratti xiyyeeffatan. Akeekni kanarra murteesaa ta'e fedhii keessoo kan garuu bu'uura hin ta'intu jira. Bu'uuraaleen garee warra jalqabaa kunniin (daruriyyatayniyyah) dirqamoota tokkoo tokkoo Muslimaaf barbaachisan of keessatti qabata. Tokkoon tokkoon Muslimaa amantii isaa akka seeraa fi qajeelfamni ajajutti hojiirra oolchuu, lubbuu, jireenyaa fi sammuu ofii eegutti ajajame.

Akaakuuleen tokkoffaa bu'uuraalee waloo (*daruriyyat kifa'iyyah*) yoo jedhaman, nageenyummaa, ergaalee fi qajeelfamoota hawaasa Muslimaa eeguu fi kunuunsuu of keessatti qabatu. Bu'uuraaleen waloo kan argaman, fakkeenyaaf, hojiiwwan namoota itti gaafatamummaa qabanii fi isaan mirgoota amantii fi namoomaa naannawa dhuunfaas ta'ee ummataa eeguurratti bobba'aniitiin.

Adeemsi lammataa kan ergaalee Shari'aa qoqqooduuf fayyaduu akeekaawwan lammaffoo (al-maqasid al-tabi'ah), yoo jedhaman, akeekaawwan tokkoffaa hojiirra oolchuuf fayyadu. Akeekaawwan lamaffoo kunniin ammas sadarkaa isaan akeekaawwan tokkoffaa itti tumsanirratti hundaa'ee

gosoota saditti qoodamu. Akaakuun tokkoffaa akeekaawwan duraa bareechurratti jajjabeesssa. Fakkeenyi kanaa fuudhaa fi heeruma (akeeka lammataa) yoo ta'u, walhormaataaf (akeeka tokkoffaa) galmaan gahuuf karaa godhame.

Gosti lammafaa akeekaawwan lammataa of keessatti kan qabatu ta'ee, akeekaawwan lammataa sababa saniif kan seer-malee ta'aniidha. Fakkeenyi kanaa dubartiin takka akka abaa warraa ishii kan jalqabaatti heerumtuuf jecha kudhaama (nikah attahlil) godhamuu fi kudhaama yeroof godhamuudha (nikah mut'ah). Isaan lameenuu akeekaawwan jalqabaa kan fuudhaa fi heeruma walhormaataa fi waliin jireenya yeroo dheeraa kaayyeffame ni faallessu. Akaakuun sadaffaa akeekaawwan lammataa ta'anii kan akeekaawwan duraa hin jabeessine ykn hin mine fi kan akka akaakuu lammataa sana hin haqne ta'eedha. Akeekni lammataa kun nama tokko qabeenyaaf jecha gaa'ila isa waliin raawwatuu, ykn bu'aa biroof jecha fuudhuudha. Kun waliin jireenyi itti fufuu fi fufuu dhabuu wanti addeessu hin jiru.

Xumurarratti, adeemsi sadaffaa kan ergaalee Shari'aa itti qoqooduuf oolu sadarkaa isaan seerota Islaamaa of keessatti hammatanirratti hundaa'uudhaani. Qoodni kun akaakuu sadi qaba: 1) akeekaawwan waliigalaa (al-maqasid al-ammah), 2) akeekaawwan murtaa'oo (al-maqasid al-khassah), fi 3) akeekaawwan gar-tokkee (al-maqasid al-juz'iyyah) dha. Akeekaawwan waliigalaa galmaalee fi kaayyoowwan ittiin bulmaata amantii hunda keessatti calaqqisiifamaniidha. Bu'uuraalee shanan: amantii, lubbuu, sammuu, hormaataa fi

qabeenya kunuunsuun kaayyoowwan waliigalaa Shari’aa keessatti ramadamu.
Akeekaawwan muraasni ammoo galmootaa fi kaayyoowwan seerota muraasarratti ykn ittiin bulmaata hariiroo waliin qabanitti dhihaataniidha. Fakkeenya kaayyoowwan kadhannaa ykn ibaadaa) (maqasid al-ibadat), waliin jireenya hawaasaa ykn daddabarsa maallaqaa (maqasid al-mu’amalat), ykn kaayyoowwan seerota yakkaa (maqasid al-jinayat) fa’adha. Haaluma walfakkaatuun, seerota biroo kan amantiin walqabatan, kanneen akka qulqulleeffachuuu (al-taharah), gurgurtaa (al-buyu’u) fi kkf uf keessatti hammata.
Akeekaawwan gar-tokkeen kaayyoowwan gaaffii ykn dhimma tokkoon walqabataniidha. Gosoonni akeekaawwan waliigalaa fi muraasaa seera Shari’aa hunduma keessatti takkaa bakka muraasatti hojiirra oolu; akeekaawwan gar-tokkeen kan jedhaman kunniin garuu, gaaffii ykn dhimma tokko qofarratti ykn raggaassisa waan tokkoo kan seera guddicha Shari’aa irraa baafamuu fa’a irratti hojjatu.

## BOQONNAA TOKKO
## Hubannaa Ergaalee Shari'aa fi Barbaachisummaa Maloota Ammayyaa Ittiin Bulmaata Seeraa Tolchuuf (Murtii Amantii ykn Fatwaa)

Rakkoowwan hawaasa Muslimaa mudataa jiran dhaabbiidhaan furuudhaaf, fedhii murteewwan seeraa barbaaduu walitti fufaatu jira. Kana jechuun namoota dhuunfaa kanneen ulaagaa dhimma murtii amantii ykn fatwaa kennuu guutan (Muftii) barbaachisa. Haata'u malee, namoota gahumsa hin qabne kan murtii amantii kennuuf yaalan heddummaachuu argaa jirra. Warroota murtii amantii kennan jedhaman salphaadhumatti argaa jirra. Kanaaf, mee asitti kallattii ergaalee Shari'aatiin waan tokko ifa godhuu barbaade. Keessattuu murtii amantii dhimmoota ammayyaatiin walqabatee irratti.

Kaayyoon seera Islaamaa namoota irratti ba'aa fi wantootuma dhoowwaa fe'uu miti; ergaalee isaanii hunda akkuma fedhanitti akka guuttatanis gadi lakkisuu miti. Kanaaf, kaayyoon ani ifa godhuu barbaadu karaa Shari'aan ilma namaaf laafisee fi qajeelfamoota akka nama gaarii fi qulqulluu ta'an nama barsiisan, akkasumas ibsa akka seerri ittiin bulmaataa itti tolfamu fa'aadha. Qixa kanaan, bu'aawwan seeraa kan Rabbi (SW) gabrootaaf kenne har'aa fi borus bal'inaan itti fayyadamuun ni danda'ama jedhee amana.

Kanumaafan, mariiwwan armaan gadii keessatti ergaalee shari'aa fi murtii amantii wajjiin walqabatee, keesssattuu taateewwan haaraa argamanii fi dhimmoota nama dhuunfaa fi sadarkaa hawaasaatti argaman irratti ibsa kennuu fedhe.

Adeemsa madaalawaatu barbaadama; finxaaleyyummaa fi saafelummaatu baduu qaba.

Adeemsi (murtii amantii ykn fatwa kennuu) gahee guddaa taphata. Miidhaa ykn bu'aa murtii amantii waliin jireenya hawaasa Muslimaa irratti qabaatuu fi kallattii isaan sadarkaa jireenya addunyaa fi amantii irrattis qaban yoo ilaallu, namni dhimmootaa fi taateewwan haaraa irratti murtii amantii sirnaan beekumsa waan sanaa qabaachuun dirqama. Namoonni ulamaa'onni (beektonni amantii) fi Muftiiwwan waan adda ta'e (kan hin baratamin), waan sodaachisaa, kan hin hiikkamne, ykn rakkoolee ulfaatoo fa'aaf barbaadamu, keessattuu bara ammayyaa keenya kana kan waliindhahiinsi, walxaxiinsii fi jijjiiramni atattamaa baay'atetti beektonni fi muftiiwwan baay'ee barbaadamu. Haalli itti murtiin amantii labsii fatwaa itti kennan of eeggannoo cimaa qabaatuu fi namoota hojirra oolmaa isaa sirri hin raawwanne ykn ceem'oo ta'aniin abboomuu dhabuun murteessaadha.

Nabiyyiin (SAW) gochaawwan garii kan yeroo raawwatan hawaasa Muslimaa irratti ba'aa ta'u jedhanii shakkan raawaturraa of qusatu. Garuu, adeemsi ammayyaa kan sirna barnoota seera fi murtii amantii ykn fatwaa ilaalchisee kaayame, laafinaa fi haala mijeessuutti kan nama kakaasuudha. Dhugummaa kana yoo ilaalle, hayyoonni murtii amantii ykn fatwa kennan hedduun laafinsa hundurraa gaarii kan ittiin bulmaata seerota Islaamaa daran hawataa godhu jedhanii waamu. Laafina kana keessatti bira dabarsaa hedduu argaa jirra; akkasumas, hiika sirrii hin taane fa'a, kan abbootiin seera sirna barnoota kanaa muraasni barruulee Islaamaa muraasa

akka kuffisutti deeman godhe, ykn kallattii seer-lugaa fi seeraatiin ala akka hiikan godhe. Dhugumatti, Nabiyyichi (SAW) balaa namoota wallaaloon dhimmoota haaraa irratti murtee kennuun ykn Qur'aana akka ofii fedhanitti hiikuun dhufurraa nu nu dhoorgan. Sababa miidhaa hamaa murteen kun amantii fi hordoftootarratti fiduu**n** maluuf jecha.

Taateewwan/dhimmoota yeroo irratti murtii fatwa kennuutiin wal-qabatee, adeemsota walfaallaa lamatu mul'ata. Tokko finxaaleyyummaa of eeggannoo fi bira darbiinsa irraa dhufuu fi kan lammataa laafinsa ykn of eeggannoo dhabuu ykn bilisummaa baay'isuu dha. Mallattoon bilisummaa baay'isuu, 1) hamii waa'ee ilaalcha yaad-rimee tokkoo irratti ka'u danda'uu fi hubachuu dhabuu, ykn gara nama ykn ilaalcha hayyoota muraasaa looguu, 2) hiika barruulee amantii irra-keessaatiif loogu, fi 3) qajeelfama *yakka irra cimaa ittifna* jedhu irratti cichuu, kunis, waan gara wantoota dhoowwaatti geessuu**n** mal**u** cufa irra nama ittisuudha.

Gochi amala irra walii darbuu dhabuu kun mankaraarsummaa amantiiti. Mankaraarsummaan amantii namni tokko dandeettii addaa ykn kophaa isaa dhimmoota amantii akka fedhetti hiikuu qaba jedhanii amanuudha. Gara biraatiin, ilaalchi akkanaa kun dhiphina, humnaa ol of guddisuu fi namoota ilaalcha kana faalleessan akka diinaatti lakkaayuu irraa madda. Hayyuun seeraa ilaalcha akkanaa qabu, adeemsa finxaaleyyummaa horata; ilaalcha kanas namoota biroo irratti fe'uuf yaala, namoonni biraa ragaa gahaa qabaatanis, ilaalcha isaanii hin fudhatu.

Yoo hayyoonni seeraa murtii amantii ykn fatwa kennan keessatti kan waa laaffisanii hayyaman taate, namoota dirqisiisuun waan dhoowwaa ta'e irratti fe'uurra filatamaadha. Fakkeenya kanaa dhimma Hajjii irratti ilaaluu dandeenya. Lakkoofsi namoota Hajjiif imalanii baay'achaa dhufaara; walitti baay'atuu, waldhiphisuu fi darbee darbee walkuffisuu fidaara. Taateen kun hayyoonni tokko tokko dhimmoota heddurratti akka ilaalcha isaanii irra deebiin xiinxalanii fi namoota balaarraa baraaruuf jecha barruulee bu'uuraa irraa maqan isaan taasiseera.

Yemmuu dhagaa (cirracha) darbatan guyyoota sadan iidal-adhatti aanan sana, guyyaa 11ffaa, 12ffaa fi 13ffaa ji'a Hajjii, sa'aa boodarraa eegalee hamma aduun seentutti kan dheeratu, hayyoonni seeraa hedduun akka jedhanitti eega aduun seentee cirracha darbatuun hin ta'u. Haata'u malee, hayyoonni bebbeekamoonii fi aanga'oonni murtee fatwaa hedduun eega halkanaa'ellee cirracha darbachuu ni hayyamama jedhu; kun imaltoota guyyaa waldhiibbaa guyyaa san waan irraa hambisuuf jecha (kunis lakkoofsa namoota guyyaa waldhiibaa oolanii hir'isuuf gargaara). Rakkoo, dhiibbaa fi waliindhahiinsa jiru yoo ilaalle ammoo, kan waggoota dhihoo as dhagaa darbachuun gara galgalaa qofa ta'uu qaba jedhuun walqabatee, cirrachi saa'aa dura akka walitti qabamu hayyamuulleen, keessattuu imaltoota gaafa 12ffaa Mina deemuu fedhaniif bareeda ta'a. Wanti sammuu keenyatti dhufuu qabu tokko imaltootni hajjii, yoo ajaja Nabiyyichaa (SAW) hordofan, haalli carraan isaaniif laaffisuu fi haala mijeessuu uumamuu qaba. Akka haqaatti hayyoonni jajjaboon muraasni

hordoftoota waahellan Nabiyyichaa (SAW) keessaa kanneen dhagaa saa'aa dura darbachuu ni tumsan. Seerri kun adeemsa sirna barnoota yaad-rimee Hanafiitiin fudhatameera. Hayyoonni ammayyaa ammoo murteen muruu fedhan haalota jijijjiiramoo bu'aa fi nageenyummaa hawaasaa irratti hundaayuudhaani.

Haaluma walfakkaatuun, yoo namni tokko raagaa fi hiika ofii fedhe hubannoo gadi-fageenyaa ergaa fi kaayyoo irratti osoo hin horatin barruulee amantii irratti kan maxxansu ta'e, bu'aan argamus dogongoraa fi waliindhahiinsa ta'a. adeemsi barruulee amantii akkanatti qabuu kun gochaawwan seera-qabeeyyii hedduu kuffiseera ykn dhoowwaa godheera; karaaleen beekkumsa ittiin argatan hedduun cufamaniiru; namoonni hedduun dogongora barruulee uumameen amantii gadi dhiisaniiru. Bu'aan aragame waliindhahiinsaa fi miidhaadha. Fakkeeny kanaa sochii Kawaarijootaa kan hordoftootaa fi warra biroo irratti waan hunda cimsuu fi kan Zaahiriyyootaati.

Yaada (bu'uura) '**Balaan guddaa dhufuuf deemu hambifna (sad al-dhari'a)**' jedhu irratti cichuun yeroo hedduu adeemsa ergaalee Shari'aa (maqasid al-shari'a) wajjiin walfaallessa. Kunis adeemsa <bu'aa fiduu fi balaa hambisuu> jedhu kan qajeelfamni Shari'aa irratti bu'uureffameen waan wal fakkaatuuf jecha. Garuu, sababa miidhaa qabatamaan hin beekamneef jecha qajeelfamoota kanneenis hamma barbaachisuu ol fayyadamuun bu'aa silaa argamuun malu hambisuunilleen rakkoodha. Kanarraa ka'uun, abbaan murtee tokko balbala bu'aa dhufuu maluu cufuun karaa biraatiin akeekaawwan Shari'aa diiguu ykn faallessuu mala. Fakkeenyi

kanaa, sababa alkoolii oomishuuf oola ykn ta'uu mala jedhuun marga lafarraa haamuu dhiisuu; ykn ollaan yoo walitti dhihaate dhimma saal-qunnamtii seeraan alaatiif wal barbaada sodaa jedhuun addaan fagaatanii jiraachuu qabu jedhanii murteessuudha. Fakkeenyi dabalataa dubartiin akka naannawa manaatiin ala baatee hin hojjanne dhoowuu fi sababa sodaa dhala keessa nama galcha jechuutiin baankitti fayyadamuun dhoowwaadha jechuu fa'a.

Fiixee ilaalcha gara biraatiin, seerota hamma barbaachisuu ol laaffisuu fi haala mijeessutu mul'ata. Adeemsi akkassii sun haalota armaan gadiitiin adda baafama: 1) Bu'aa walii gala kan ragaa fi wabii hin qabne irratti irkachuu (maslaha), osoo gochi kun faallaa seerota barruulee Islaamaallee ta'ee; 2) Waa laaffisuu (rukhas), fi **a**deemsa sirna murtii tokko isa kaaniin walitti makuu; ammas, 3) Hayyoonni seeraa kallatti seera Islaamaa irraa maquudha.

Yemmuu bu'aa (maslahah) fi raggassisi barruulee (waliigaltee) walfaallessan, dursi maslahaaf kennamuu qaba. Garuu, hayyoonni seera amantii ykn mufti kennan ammayyaa tokko tokko hamma barbaachisuu ol maslahaa kanarratti irkatu; osoo murteen sun kan ragaa barruu ifa gala ta'e tokkollee kan faallessu ta'ee. Fakkeenyi kanaas murtii Muftii biyya Masrii kan duraaniitiin baankirraa dhala fudhachuun ni ta'a, jechuun fatwaa kenne. Kun immoo yaada dhalli dhoowwamaadha jedhu faallessa, ragaa qabatamaanis walitti bu'a.

Dabalataanis, yaada namaa laaffisuu qabachuun yoo Qur'aanaa fi Sunnaa keessatti bakka qabaate rakkoo hin qabu.

Inumaayyuu Ergamaan Rabbi (SAW) akkana jedhe “Waan Inni namaa laaffisetti fayyadamuu Rabbi (SW) ni jaalata; “akkuma ajaja Isaa tole jechuu (keenya) jaalatu”. Haata’u malee, hayyoonni muraasni laafisaa kanatti dhimma bahuuf jecha hiika addaa asiif achii ykn adeemsota hayyoota garagaraa, kamtu irra namaa laafa jechuun walitti qabuuf yaalu.

Seerota ittiin bulmaataa ykn muurtee fudhachuu ykn baasuurratti ijjonnoowwan adda addaattu jira. Yoo ijjonnoon nama yaaliin (mujtahid) qabatee tokko kan hayyoota biraarra fooyyee qabaate, namoonni biroo ijjannoo kana qabachuu ykn hordofuu qabu. Namoota kanneeniif ijjannoowwan warra biraa hordofuun isaaniif hin hayyamamu; ragaa fi dambii ifaa yoo qabaataniin ala. Dabalataanis, akkuma namni biraa ijjannoo nama yaaliidhaan murteessee kan fedhe hordofuu danda’u, namni yaaliin waan murteessus murtee ofii qo’annoo fi tilmaama gahaa mataa isaa qabaachuun dirqama ta’a.

Hayyoonni gariin akka seerraatti wanti kaayan, namni tokko yaada hayyuu ofii fedhee kamuu filachuu danda’a, garuu yoo dhiibbaan irra jiraate qofa jedhu. Ammas fedhii lubbuu fi kajeellaa ykn raaga sobaatiin yoo hin ta’in jedhu. Hayyoonni gariin waa laaffisuu namootuma biraa birattis ni dhoowwan. Guduunfaan kanaa **g**aruu, adeemsi ykn tooftaan waan ta’e tokko fedhii lubbuu nam-tokkootiif jecha laaffisuu kun seera ykn akeeka Shari’aan kunuunsuuf dhufe ni diiga.

Akkuma armaan olitti tuqame, seera jallisuun ykn irraa maquun hayyoota seera**a** kun seera Islaamaa kana gara sirna yaad-rimee waa laaaffisuu fi haal**a** mijeessuu uumuuf deema.

Seera murtoonni ammayyaa hedduun dogongora gochaawwan seerri dhoowwaa godhe hayyamuu keessatti kufaniiru. Fakkeenyi gochoota akkasii gurgurtaa ammayyaa liqiin gaggeeffamu, (bay al-inah), daddabarsa mallaqaa kan dhala qabu, namootni akka zakaa hin baafne daguu ykn gowwoomsuu, liqaa kafaluu dadhabuuf sababa dhiheessuu fa'a. Fakkeenyonni kunniin hunduu namoota fatwaa kennan muraasaan kan hayyamaman garuu gama shari'aatiin dhoowwamaa kan ta'aniidha.

Haa ta'u malee, karaaleen seerri namoota Muslimaa itti gaafatamaa safuu godhuu fi qajeelfamoonni akeeka gaarii kana tumsanis jiru. Maloonni ykn tooftaaleen kunniin seerichi beekkumsaa fi qixa sirrii irratti hundaa'uu adda baafachuu barbaachisa. Kuni hayyoota dhimma kanarratti gorsa kennan kan dhimmicha harkaa qabanii fi gadi fageenyaan ilaaluu feesisa. Hayyoonni murtee seeraa baasuun dura qo'annoo ifaa fi gadi fagoo ta'e gochuun eessatti qajeelfamni laaffisuu hojiirra oola kan jedhu adda baafachuu qabu. Bakka kanatti, qormaatilee ammayyaa hubachuunii fi dhimmoota haaraa uumaman yeroo nuti keessa jirru, kan yaada bilisaa dhaadhessuu fi furmaatilee guddina saayinsii fi teknoolojii kan rakkoollee argaman furan wajjiin walbira qabnee ilaaluu feesisa.

Hayyoonni yemmuu seera ragaa gahaa hin qabne kan waa laaffisuu baasan ragaalee qabatamaa fi seerota hojmaataaf fayyadan hunda tuquu qaban. Hayyoonni (seeraa) ammas yoo waan dhoowwame tokko hayyamuuf jedhan filannoolee biroos wajjiin kaayuu qaban. Hayyuun seeraa (Muftiin) ammas

sababa waan dhoowwame sana hayyameef ibsa gahaa kennuu danda'uu qaba; filannoowwan biraa kan jiraniifis kallattii akeekuudhaan.

Hayyoonni seeraa yeroo seera tokko tilmaaman, qajeelfamoota murtaa'oo ta'an hordofuu fi ergaalee ilma namaa kan Islaamummaan hayyamu irratti gabaabbachuu qaban. Qajeelfamoonni kunnin akka ibsanitti abbaan seeraa (Muftiin) tokko:

a) Ergaalee ilma namaa akeekaawwan seera/heera Islaamaa keessa galchuu;

b) Fedhiin sun barruulee seera Islaamaa kamiyyuu wajjiin akka walhin faallessine adda baafachuu;

c) Fedhiin sun kan waldhabdeen irratti hin argamin, ykn yoo xiqqaate, fedhii qixa sirrii ta'uu ragaan amansiisaan jiraachuu hubachuu;

d) Fedhiin sun uumamaan waaltawaa ta'uu, fi

e) Fedhiin sun fedhii biraa kan isaan gitu ykn caalu akka hin faallessine adda baafachuudha.

Abbootiin seeraa qajeelfama balaa/gaaga'ama namarraa ittisuu (raf-al-haraj) jedhu hordofuu dirqama qabu; murtee nama dhuunfaa sana miidhu dabarsuu dhabuu fi itti gaafatama seera Islaamaa jalaa bahuuf hojjachuu qabu. Abbootiin seeraa fi Muftiidhan qajeelfama seeraa sanatti dhimma bahuun waa murteessuun balaa inni fiduu fi akeeka barbaadamu qixa barbadamuun ni fida moo hin fidu kan jedhu hubachuu qabu.

Ammas, hayyoonni seera waan laaffisuu keessatti barmaatilee baratamoo ta'anii fi qabatama qaban barbaaduu malan. Jechi "barmaatilee ykn duudhaa ykn aadaa' jedhu 'Hubannaa

sammuu namootaa keessatti fe'amee fi waan sammuu fi qalbii ykn jireenya namootaa keessatti fudhatama qabu jechuudha. Dhumarratti, yoo hayyuun tokko waan ta'e tokko hin beeku jedhu, jechi sun akka waan inni gonkumaa homaa hin beekneetti ilaallamuu hin qabu.

## BOQONNAA LAMA
## Ergaalee Shari'aa Kallatti Dagaagina Aadaatiin Hubachuu

Qorannoon qaroominaa fi guddina ilma namaa (fiqh al-umran) eega irraanfatamee tureera. Hayyoonni Muslimaa bu'uura galmoota sirna seera ittiin bulmaata Islaamaatti deebi'uun, ilaalcha Islaamaa kallattii galmoota kanaatiin irra deebiin dubbisuun hubannaa waa'ee aadaa fi qaroominaa kan hayyoota seeraa dagaagsuun, amantii isaaniirratti akka ufitti amanamummaa deebisanii horatuu qabu. Hubannaa qaroominaa dagaagsuuf, wanti akka ilma namaatti sammutti qabachuu qabnu, hojiiwwan dachaatu nutti kenname. Innis: Rabbii (SW) tokkicha gabbaruu fi dacheerratti horuu fi ishii kunuunsuudha.

Garuu, kallattii kanaan gaaga'ama keessa jirra. Gaaga'amni keenya ammoo wanti irratti ijaarame amantii keenya hubachuu dhabuu fi abbaa amantii dhugaa jechuun maal akka ta'e beekuu dhabuudha. Ammas mirgaa fi dirqama sababa miseensa hawaasaa ta'uutiin nutti kennames hojitti jijjiiruu dadhabne. Bakka qabatamni sadarkaa wanta tokkoo itti barbaachisutti hubannaan ragaa ifaati.

Rabbiin ummattoota garii ni balaaleffata (fkn: Qarooma *Aadii* fi *Samuud*, akka Qur'aana keessatti dubbatetti) kan ogummaa ijaarsaatiin, qabeenya fayyadamuu fi meeshaalee garagaraa oomishuu kan beekan, kan garuu ajajoota Isaa didan. Gatiin keessoo ummata sanaa gadi deemee xumarratti dhabama isaanii fide. Dhaabbileen hawaasummaa itti gaafatamummaa qarooma guddisuutii fi ilma namaa naatoo qabuu, kan qor-

qalbii fi meeshaan dagaagee, yaadaan, amalaa fi qabatama mul'atuun haarome uumuu qabu. Namoonni dhuunfaa addunyaa tanarratti bakkuma jiranitti hubannaa guddaa uumuu qaban.

Tooftaan waa'ee hawaasaa xiinxaluu fi sababa jijjiirama nama dhuunfaa fi waloo qo'achuu karaa ittiin jijjiirama barbaachisu fidanii fi haaromsa dhugoomsanii miidhaa hawaasummaa ittiin hambisaniidha. Tooftaa koo bu'uura yaad-rimee qorannoo hawaasaa Ibni Kalduun irratti godhuun, xiyyeeffannaa Ibni Kalduun kan hariiroo sababaa fi bu'aa ilaaluu fedha. Ibni Kalduun wanti ilaalee if gaafate, akkamitti hariiroon kuni gara Adeemsa qabatamaatti jijjiiramee, rakkoolee hawaasa keenya diigaa jiran kanneen injifatuu danda'ee, fuul-dura hin beekamnes waliin deemuu danda'a kan jedhu ture. Kaayyoon "Sirna seeraa dagaagina hawaasaa" hariiroo gidduu sirna seeraa deebisanii jabeessuun, gocha akka deeggaru gochuun, hubannoo hawaasaa cimsuun, kallattii hojii sirriitti akeekuudha.

Damee sirna seeraa kana jala amaloota sagale-maleeyyii shantu jira:

1) Rabbiin (SW) ilma namaa wanti uumeef akka Isa Gabbaran, Isa tajaajilanii fi dagaaganii dacheefis badhaadhina akka fidaniifi;
2) bu'uura akeekaawwan Heera Islaama keessaa ol aanoo tokko walhoruu fi dachetti fayyadamuun kunuunsuun haala ilma namaatiif jabeenyaa fi bu'aa fiduu danda'u uumuudha;

3) Wntootni seera keessatti barbaadaman muraasni Muslimoota dhunfaa qofa irraayii miti, garuu hawaasa Muslimaa waliigalaa irraayi, osoo miseensa isaa hin miidhin hawaasa hunda fayyaduun waan barbaachisuuf jecha;

4) Hawaasni Muslimaa addunyaadhaaf dhugaa jiru akka ragaa bahuuf ramadame;gochaa fi jechaanis, wantootuma hunda keessatti giddu-galeessummaa qabatuun;

5) Madaala gidduu dachee, nageenyummaa addunyaa qabatamaa fi dagaagina amantiis eeguuni.

Ibni Kalduun akka jedhe, "Qaroominni farra misooma dhugaati" Kunis kan argamu yeroo misoomni meeshaa ykn qabeenya hawaasa tokkoo sadarkaa quufa hamaa, qisaasuu, safuun dhabamuu, diigamuu, qabeenyi ummataa garee namoota carrooman muraasaan dhuunfatamuu fi kufaatii biyyattiirra kan geessu yoo ta'eedha. Sirna seera guddina/dagaaginahawaasaa qaama seeraa kan hawaasni Muslimaa bakkoota akka baankii, fayyaa, siyaasaa fi tajaajila hawaasaa keessatti barbaaduudha.

Haa ta'u malee, galmi hammuma fedheyyuu haa guddattuu, namoonni akka galmaan gahaniif itti gaafatamummaan itti kenname hubannaa fi beekumsa gahaa yoo hin horatin, gonkumaa fiixaan bahuu hin danda'u. Kanaafuu, bu'uura qabiyyeewwan Islaamaa Muslimoota deebisanii hubachiisuu fi akka sammuu isaanii keessatti gadi seenu jabeessanii hojjachuun murteessaadha. Nabiyyiin (SAW) gaafa Madiinaa keessatti sochii misooma eegale gahee ufii bahate; kan achirraa

addunyaa guutuu keessa faca'e. Jaarraalee darban muraasaaf misoomni kun qabanaa'ee ykn laaffatee ture. Kanaafuu, kaayyoon misooma hawaasaatiif bu'uura seeraa kaayuu kuni, hubannaa Muslimaa deebisanii ibsuu fi qixa kanaan, akka haaromsaa fi jijjiirama hawaasummaa fi aadaa fidan gochuudha.

Sirna seera misooma hawaasaa kana irratti hubannaa uumuuf qabxiilee ka'umsaa saditu jira. Kan duraa, akeekaawwan sirna seera Islaamaa irratti hubannaa gadi fagoo uumuun, ittiin bulmaata seeraa akeekaawwan kanniiniin walitti hidhuu, fi Muslimni akkamitti akka fakkaattii amantii wal'utubaa uumuu danda'u hubachiisuu. Karaa kanaan har'aa fi borus gammachuu argatan waan ta'eef jecha. Damee kana keessatti, Rabbiin (SW) onneerraa akka gabbaran jajjabeessuu (onnoomsuu), ilaalcha ifaa fi qulqulluu kan keeyyata Qur'aanaa sana ibsu akka hordofuu yaalan gochuudha. Keeyyattoota sanneen keessatti ajaja Isarraa dhufe hordofuun onneewwan namootaatti dubbachuu danda'uu fi Uumaa isaaniitti dhihaachuu akka qaban ibsa.

Seera Islaamaa irratti namoota barsiisuu, (keessattuu) yeroo sirna seeraa tokko ilaalan, sababa isaa ibsuufii, bu'aa bal'aa kanarraa argamus tuquun hubachiisuu feesisa. Kana keessaa qajeelfama dhimmoota balaa fidanii fi fedhii atattamaa irratti laaffisuu ykn haala mijeessuu fa'a uf keessatti qabata. Dabalataanis, wantoonni dhooggaman suuta suuta taasifamuu qabu; ammas namootaaf carraan filannoo kan biraa qophaa'uu qaba; yoo gochi tokko dhoowwame jechuudha; keessattuu ergaalee fi taateewwan ammaa amma geeddaraman yemmuu

ilaalan. Ammas, ittiin bulmaatni amantii yeroo ilaallamu bu'uuraalee shanan amantii, jiruu (lubbuu), sababa, hormaataa fi qabeenya.xiyyeeffannaa keessa galchuu barbaachisa.

Lammata, saayinsii, aartii fi qorannoo namummaatiif xiyyeeffannaa guddaa kennuun, dameelee qo'annoo seeraa adda addaa kan amantii keessa galchuu ykn makuu. Gumaachi Islaamni saayinsii, aartii fi aadaaf godhe kan turtii yeroon irraanfatamuu miti; hambaa qaliidha; kan dagatamuu hin qabnee fi itti fufamuu qabaatuudha. Akkuma warroonni nu dura gadaa amantiin itti laaffate keessa turan sana, Muslimoonni meeshaa isaan ijaaruu fi misooma dhala namaa Ismaalaawaa fiduu danda'u hidhachuu qaba.

Sadaffaa, ragaa bahuu' jechuun maal akka ta'e fi kitaaba Rabbii (SW) keessatti "Akkasuma ummata giddu-galeessa isin goonee, akka namoota biroo irratti ragaa taatanii fi Nabiyyiin ammoo isinirratti ragaa ta'a"(suuraa al-baqarah, 2:143) akkamitti akka dubbatame ykn maal akka itti fedhame hubannaa ummataa dabaluu barbaachisa. Ragaan godhamu qabatama kan qabuu fi kan inni ykn ishiin ragaa bahu ykn baatu namoota birootiif waan amansiisaa wajjiin dhiheessanii fi ergaa barbaachisu ifaan ittiin dabarfatan ta'uu qaba.

## Boqonnaa Sadi
## Hubannaa Galmootaa fi
## Gaaga'ama Finxaaleyyummaa Amantii

Amantiin ykn iimaanaan alatti, tolli guddaan Rabbiin (SW) gabroota Isaatiif oole, fayyummaa fi nageenyaa. Hawaasa tokko keessatti nageenya kabachiisuun kaayyoowwan bu'uura Shari'aa ol aanoo keessaa isa tokko. Akkasumas, dirqama hunda dursu kan mootii Muslimaa tokkooti. Kanaafuu, gochoonni hawaasa diigan, nageenyummaa isaa jeeqan, Muslimas ta'e warra Mslima hin taane kan Muslimoota waliin nagayaan jiraatan shororkeessan, yakkoota farra dhala namaati; kan galmoota Shari'aa waliigala faallessaniidha. Yaaddoon tokko ammas finxaaleyyiin yakkoota kanniin dhugoomsuuf jecha jechoota hayyoota bebbeekamoo barbaaduun bu'uura seeraa dhimma ta'e tokkorratti kaayatuu fi badii fi weerara isaanii ittiin halaalfatuu (seera-qabeessa gochuu) yaalu.

Seer-maleessummaa gosa sadiitu nageenya biyyaa fi ummataas jeeqa. Kunniin kan maddan: 1) ilaalcha summawaa kan kaayyoowwan Shari'aa hunda akkuma jiranitti qixa dogongoraan hubachuu, kan osoo waan itti aanee dhufuu malu hin tilmaamin ragaa dogongoraa of eeggannoo takkallee hin qabne, kan qabatamni isaa hin mirkanaa'in sassaabuun seera fakkeessuuti; 2) hiikaa fi barbaachisummaa qabsoo karaa Rabbii (Jihaadaa) sirritti hubachuu dhabuu; fi 3) tooftaa ittiin bulmaata seeraa kan mudaa qabu, kan qabatamatti yoo jijjiiramus mudaa qabu hordofuudha.

Fedhiin nageenya hawaasaa kabachiisuu, keessattuu yeroo sodaa fi gaaga'amni jiru, warroota aangoo qaban akka of

eegganoo godhaniif, madda balaa irratti xiyyeffatanii akka hojjatan, tarkaanfii hamaa akka fudhatan dirqisiisuu mala. Tarkaanfiin akkasii kan firii horatu yoo sodaan qabatamaa qaamaan jiraateedha. Garuu, lola ammaa kan yaadaa, ilaalchaa fi dhiibbaa kana keessatti, meeshaan lolaa madaalawaan yaada qixa sirrii, ragaa qabatamaa, ilaalcha amantii giddu-galaa, fi sammuu-walabaati; sammuu finxaaleyyummaa fi akka malee waa laaffisuun ala taate.

Waliindhahiinsi yaadaa har'a hawaasa muraasa keessatti mul'ataa jiru, dhimmoota amantii, siyaasaa fi hawaasummaa keessatti ilaalchi finxaaleyyummaa akka dhalatuuf karaa saaqe. Sababoonni finxaaleyyummaa kunniin baay'ee fi walxaxaadha. Garuu sababoonni irra dhokatoo ta'an barruulee seeraa Muslimaa sonaan hubachuu dhabuu fi kaayyoowwan Shari'aa, keessattuu wantoota akka jihaadaa fi wanta hayyamamuu fi dhoowwamu irratti hubachuu dhabuudha. Ijjannoon Shari'aa dhimma lola qulqulluu ykn jihaada "ammayyaa" irratti yoo ilaalle, sochiiwwan jihaadaa yeroo ammaa hedduun isaanii seer-maleeyyiidha; bilisummaa barbaadamus fiduu hin danda'an. Inumaayyuu, balaa guddaaf sababa ta'aniiyyu.

Jihaada jechuun jecha seeraa kan weerara ofirraa ittisaniin jechuudha. Hiikni jecha jihaada jedhuu fi itti fayyadamni seeraa isa hidda gos-sadee j-h-d jedhu irratti hundaayan, ergaa humnaa fi yaalii hamaa godhuun ergaa amantii tokko dabarfachuu fi namoota gara amantii fiduu jedhu qabaata. Kanaaf, jihaadni kan seeraan godhameef amantii sana kunuunsuuf, namoota ergaa amantii dabarfatan eeguu,

finxaaleyyii Muslimaa ofirraa eeguu fi weerartoota dura dhaabbachuufi.

Ilaalchaa fi qabatamni jihaadaa karaa nagayaa, hawaasa nageenyaa fi tasgabbii qabu ijaaruu keessatti gahee guddaa qaba. Qixa sirrii ta'een hubachuu fi hojiirra oolchuun, jihaadni qaama pirojektii haaromsa keenyaa kan maraatuu, weerara, barmaatilee duubatti hafoo fi jireenya doofummaa Waliin itti duulaa jirruu ta'uu dhugoomsuudha. Kanaafuu, Muslimoonni yoo hubannoo kana dhaban, jabeenya kan itti gaafatama 'dhugaaf ragaa bahuu' jedhu sanis galmaan gahuu hin danda'an.

Qajeelfamni "gaaritti ajajuu fi hamtuu irraa dhoowwuu" jedhu sun nageenyaa fi haqummaa hawaasaa eegsisuufi. Kun ammoo bu'aa sadarkaalee dhunfaa fi hawaasa hagootti argamuudha. Tattaaffiin kun akka dirqama hawaasa hagootti (*fard al-kifayah*) fudhatamuu qaba; dirqama dhuunfaallee ta'uu kan malu ta'us (*fard ayn*). Qajeelfama kana qixa sirrii ta'een hubachuun, dhimmoonni hiikkaa walfalmiif karaa banuu hin qaban. Jijjiiramni argamu taatema sana irratti murtaa'uu qaba. Haaluma hunda keessattuu namuu hammeenya onnee isaarraa jibbuu qaba. Namni tokko gaarummaa babal'isuu dadhabuun isaa ni mala; balaa sababa miidhaa isarra gahuu maluutiif jecha ittisuu dhabuun mala. Yoo ilaalchonni gaaritti ajajuu fi hamturraa seeruu lameen waldorgoman, wanti beekamu tokko hojiin ala ta'uu isaati. Tokko dorgommiin ala baha jechuudha.

Dhumarratti, kaayyoowwan Shari'aa ol aanoon kan dirqisiisan falmii hidhannooti. Warri seenaa Muslimaa keessatti hoogantoota isaanii irratti falmii hidhannoo adeemsisaa turan

sunuu hin milkoofneefi; keeyyoowwan ittiin ka’an bira osoo hin qaqqabin hafan. Kana jechuun haala ykn taatee balaafamaa irratti usanii taa’uu jechuu jechuu miti. Sana irra, taateewwan lameen keessaa kan irra salphaa ta’e filachuu jechuudha. Obsaa fi ofqabuu keessatti of eeggannoo qarummaa qabaachuun bareeda.

## Boqonnaa Afur
## Hubannaa Galmootaa fi
## Dhibbaa inni Qor-Qalbii Muslimaarratti Qabu

Qor-qalbii Muslimaa hubachuu fi sababa inni dadhabaa dhufeef qorachuun gaarii ta'a. Ammas falaasama warra ammayyoomee darbee fi ilaalcha namoomaa amantiin alaa qofa hubachuu yaaluun ala, tooftaa hawaasa Muslimaa irratti itti dhimma bahame ilaaluunis murteessaadha. Qorannoon sun barruulee Muslimaa sirritti kan gamaaggamuu fi akkaataa inni itti hawaasa tokkoomsuu fi jijjiirama hawaasa ammayyaa kamuu wajjiin deemus xiinxalluun akka konkolaataa jijjiirama gaariitti akka tajaajilus ifa gochuudha. Ergaalee ammas ittiin bulmaata seerota Islaamaa baasuu, toowachuu fi qajeelchuu keessatti dhimma itti bahamuu qabu.

Hayyoonni qor-qalbii Muslimaa kan hojii dhaabee hawaasa Muslimaa miidhaa jiru adda baafachuuf yaalanii turan. Hedduun isaanii akka jedhanitti, qor-qalbiin Muslimaa wanti laaffateef jiddu-seeniinsa ergaa Rabbiitii fi hiikkaa fi hubannaa ilma namaa, kan gidduu Seera Islaamaatti fi duudhaa dhala namaa, ammas gidduu ilaalcha gaarii fi muuxannoo ragaa hin qabneetti uumameedha. Tooftaan hubannaa Qur'aanaa fi Hadiisaa kan durii amma hiikuma raagduu fi ragaawwan falaasamaatiin dhiibbaan itti godhamaa jira. Kuni, falmii tilmaama amantii bu'aa hin qabne irraa dhufu, hayyuu seeraa fi sirni barnoota seeraa fedhii isaanii guutuuf looguu, abbaa-irrummaa siyaasaa, ergaalee fi walfalmi aangoo dabalatee, hawaasni Muslimaa akka jijjiirama dhugaa hin fidne godheera. Kana daran, maloonni beekumsaa fi tooftaaleen qorannoo

hayyoota muraasaa hojjiirra oolanis bu'uura amantiin alaa irraa maddu. Kanaaf xumurri isaanii barruulee Qur'aanaa fi Hadiisaa ykn qajeelfamoota seeraa kan maddoota lameen kanarraa madde irratti hin hundaa'u.

Sababoota qor-qalbii Muslimaa dadhabsiisan hedduu yoo ilaalu, fuuldurri irra gaariin jiru tooftaa akeeka-qabeessa fayyadamuudha. Hawwiin kiyya tooftaan suni yaad-rimee fi dandeettii yaaduu Muslimaa deebisee guddisa ykn kabachiisa kan jedhuudha. Jalqaba, akka tooftaatti ergaaleen Shari'aa, walitti hidhaansa dammeelee seerota Islaamaa hundaa uumuu qabu. Kana jechuun, [1]sadarkaa amantaatti, duudhaatti, waliin jireenya hawaasummaatti, dhimmoota seeraattii fi kanneen biroottis. Lammata, ergaalee Shari'aa akka waliigalaatti, kan qajeelfamoonni waa hunda too'achuu, hubachuu fi kaayyoo argama dhala namaa isa dhugaa adda baafachuu, kara namni tokko ittiin jiraatuu fi nama biraa, taateewwan jireenyaa fi seera uumamaa wajiin hariiroo uumu kan of keessatti qabatan godhanii ilaaluudhaani. Sadaffaa, namoonni bakka hundattuu fedhii uumamaa kan hawaa kanarratti qaama aangoo ol aanaa barbaaduu qaban; qaama kanaafis bitamuu fi ajaja abbaa aangoo kanaa fudhachuu fi dhoowwamuufis akkasuma; osoo bu'aa qabatamaa tokkollee hin barbaadini. Naannawa kanattii ajajni seera Rabbii gara namaa fi samii gara lafaa deebii argata ykn hojjata.

Afraffaa, gamaaggamni ergaalee Shari'aa irratti gaggeeffame akka addeessutti, hayyoonni isaanii akka abboota amantii fi haaromsaatti kan tajaajilan ta'anii, hariiroo qajeelfama waliigalaa Islaamaa kan deebisanii sufaniidha. Kanas,

qorannoo seeraa kan dhimmoota haaraa mul’atan xiinxaluu irratti seera baasuurratti gahee ofii bahataniiti. Shanaffaa, caccabni, dadhabiinsii fi wallaalli amma hawaasa Muslimaa miidhaa jiru, kan Muslimoota dhuunfaa bu’uurarraa butuun dandeettii waa uumuu fi oomishtummaa isaanii saamu, akka atattamaan waaltina, qajeelfamoota bu’uuraa fi akeekaawwan seera Islaamaa deeffannu ni dirqisiisa. Jahaffaa, yaa’insa ilaalcha kallatti Muslimaa sirreessuuf, ergaalee Shari’aa irratti dhiibbaan uumamuu qaba; kuni ammoo karaa finxaaleyyummaa irraa nu eega; karama ta’eenuu, ilaalcha qixa sirrii nu keessatti uumuun, hamaa yaaduu, ilaalcha fokkataa fi yaaddoowwan ragaa gahaa hin qabnerraayis nama eega.

Qajeelfama Islaamaa fi bu’aa inni falaasama ammayyaarratti qabu yoo ilaallu wanti beekuu qabnu tokko, beekkumsi addunyaa qabatamaa fi uumamummaan fiixee dhumaa irra gahaniiru; bakka irraa kufuun malu bira. Akka hayyoota falaasamaa ammayyaatti, kufaatiin warra yaada ammayoomaa, siyaasaa fi amantii adda baasanii fi yaada meeshaaleyyummaa waan hin hafne. Falmiin waa’ee yaada giddu-galaa ykn ammayyaawaa kun, falaasama diigamuu kan hiikkaawwanii fi dhugaaleen jiran hundi ni jijjiiramu (dhumu) jedhu, dachaan dabalee, badiin isaa ariifate.  Ammas falmiin jiru *Jacques Derrida, Michel Foucault* fi xiinxaltoonni Warra Lixaa kan ammayyaa, akka warra ijaartota seenaa dhala namaatti, yaad-didda diigamaa kanaaf sababa ta’aniiru. Hiika seenaa falaasama warra ammayyaatiin boodaa kan bakka hin kennineefi.

Falaasama ammayyaatiin boodaa keessatti amantii fi wanti qabatama hin qabne (kan hin mul'anne) bakka hin qabu. Ilaalchi ammayyaan boodaa hawaan homaa of keessaa hin qabu jedhee tilmaama; garuu wanta (matar) hedduu xinnaa kan walitti fufiinsaan asii achi deemu kan bakkaa fi akeeka hin qabne wayiitu jira jedhu. Kanaaf, jechoota akka: dhugummaa, haqummaa, nafsee fi ergaalee yaadaa kunniin ilaalcha yaadaa kan hawaadhuma ittiin ilaalan malee kan qabatama hin qabne jedhan. Tartiibni ykn ajajni giddu-galaa, kan hunda ofkeessatti qabatu hin jiru; xixinnoo, ajajoota ykn tartiibota of danda'oo, kan ofirra naanna'an qofatu jira jedhu.

Yaad-rimee warra ammayyaan boodaa keessatti, dhugaa of duuba hin deebine wanti jedhu hin jiru. San daran, dhugaawwan ilma namaatiin tolfamanitu jiru, kan namoonni fedhii fi hawwii ofiitiin bocan, hamma fedhes baratamuu dhaban ykn adda ta'an. Dabalataanis, sirni safuu kan falaasama warra ammayyaan boodaa ilaalcha gati-qabeessa ta'uun dirqamaa miti; ykn bu'uura ittiin madaalamu tokkolee hin qabaatu. Waliigaltee bu'uura aadaa fi amantiis hin qabu. Kanarra, amalli maalummaa warra ammayyaan boodaa, waliigaltema qaamota muraasaa, seera yeroo gabaabaa, nannawa dhimma nageenyaatti, diinagdee fi miidiyaarratti gabaabbata; fedhima nama dhuunfaa ykn dhaabbilee hawaasa of jalatti bulchaniitiin fa'a irratti hundaaya.

Siyaasni ammayaan boodaa sirni addunyaa haarofni kan sirnni kaappitaalizimii (abbaa qabeenyaa) uume akka argamuuf gahee taphate. Akeekni isaa biyyootni dhaabbilee idil-addunyaawoof akka banaa ta'anii fi hayyoota siyaasaa Warra

Lixaa maqaa maamila invastimantiitiin alaa galfatanii fi ummatoota biyyoota kanneenii akka meeshaa bittoota godhaniif amansiisuudha. Kuni guddina dimokraasii, amantii, aadaa fi eenyummaa biyyoomas xiqqeessa.
Ilaalchi falaasama warra ammayyaan boodaa kun aadaa fi yaad-rimee Arabaa fi Muslimaa irratti miidhaa guddaa geese. Qixa falaasamaa fi siyaasa kanaatiin, barruulee Qur'aanaa kallattii fedhii lubbuu isaaniitiin hiikuu fi dhugaa jiru jaamsuuf yaalamee ture. Akka falaasama kanaatti, Sunnaan irraanfatamuu/gatamuu qaba. Sababnis gochaa fi jecha nama akka keennaarraa waan maddeef, haalli gadaa Nabiyyichaa fi Waahellan isaa turee fi haalli amma jirus hedduu waan adda fagaatuuf jedhan. Amma hoj-maneen keenya ammaa, akkamitti sammuu Muslimaa deebifnee boca sirrii itti goona, akkamitti adeemsa misoomawaa qabachiifna ka jedhu waan bu'uurri waa yaaduu gaaffii keessa galchuu qabuudha.

# Boqonnaa Shan
## Gaaga'ama Hubannaa Galmootaa fi Dhiibbaa Inni Sochii Hawaasaarratti Qabu

Kaayyoowwan seera Islaamaa cinatti qabuun, dhimmoonni gariin akka sirritti jabeeffamanii fi isaan kuunniin ammoo laaffataniif karra saaqee, farra bu'aa silaa eeggamu daran ulfaataa ta'eef saaxileera. Armaan gaditti dhimma kanarraa haasawuun karaa hubannaan amantii dadhabsiisuu akka meeshaa amantii keessatti bira dabarsuu waliin walitti hin buune irratti mari'achuun, jaalala, waldanda'uu, jaalala bu'a-qabeessummaa bareedinaa fi argaa hubachuun akka gahee dubartiin Muslimaa hawaasa keessatti qabdu hubachuuf nu gargaara.

Finxaaleyyummaan yaadaa hawaasa keessatti sodaa guddaa uuma. Amantii keessatti waa laaffisuufis, sirna seeraa haaromsaa fi bu'uura qaroomaa babal'iuuf dursi kennamuu qaba. Kanaaf, finxeeleyyummaa fi gaaga'ama inni gadaa ammayyaa keessatti uume hir'isuuf, hayyoonni baratan seera haaromsaa kana babal'isuurratti hojjachuuf xiyyeeffannaa itti kennuu qabu. Yeroo carraalee guddinaa barbaadan boolla keessaa hin baane keessa seenanii furmaata yeroodhaaf qofaa argachuuf rakkachuurra, dursanii sirnaan itti yaaduu qaban.

Akka fakkeenyaatti, bashannanaa fi ispoortii irratti ilaalchaa fi yaada Muslimaa of eeggannoo cimaa barbaachutu ka'a. Garuu, galmaawwan seera bareeda jireenya hawaasaatiif mijaawaa ta'e baasuu keessaa tokko, gochaawwan dhoorgamaniif waan hayyamamuu fi bakka bu'u qopheessuudha. Gochaawwan as dura dhoorgaadha; gara dhoorgaa daran hamaatti ykn kanneen

seerri Islaamaa gonkumaa nu dhoorgutti nu geessuu malan; jedhamanii kaayyaman sana irra deebiin qorachuu nu barbaachisa. Fakkeenyi kanaa akaakuuwwan sochiiwwan ispoortii dhiiraa fi dubartii hunda, ammas, aartii bu'a-qabeessa, ergaalee bashannanaa, taphoota barnootaa, imalaaf tuurizimii fi kanneen birooti.

Sunnaan Nabiyyichaa (SAW) akaakuuwwan bashannanaa fi yeroo boqonnaa ni jajjabeessa. Nabiyyichi Absiiniyaanota muraasa akka masjiida keessatti ispoortii isaanii shaakalaniif hayyaman; durbi ga'eessonni lama Aa'ishaaf akka sirban hayyaman; dhoqqeen akka taphatan, boqonnaa akka bahan, akka baacoo taphatan, waldorgomanii fi bashannana gosa biroo hundaa ni hayyamu; kuni hunduu kan mul'isu akkuma amantiin keenya jajjabina, tattaaffii fi xaariitti ajaju, gosoota bashannanaa adda addaa, taphaa fi boqonnaa fudhachuus ni hayyama.

Finxaaleyyummaa ofirraa ittisuuf wanti godhuu qabnu, sammuu lammiiwwan keenyaa keessatti kaka'umsa gootummaa itti uumuu qabna. Ammas sammuu fi onneewwan ummataa keessatti sababa guddaa (isaan uumamaniif kan Rabbiin qofa gabbaruu jedhu san onnee isaanii keessatti gadi dhaabuudha) argama isaanii gadi dhaabuudha; innis Rabbiin (SW) gabbaruudha. Kanaaf kaka'umsi kun karaa isaan jiraataniin irratti dhiibbaa godhuun, amala fedhii fi kaka'umsa kanaa gadi fageessuun aantummaa giddu-galeessummaa amantii akka jabeessan gochuudha. Kun bakka Rabbiin filee akka ergaan achirraa dhala namaatti ergamuu fi Muslimoonni

hundinuu salaata guyyaa guyyaa keessatti akka garas garagalan godheedha.
Ammas, imaammataa fi seerota jireenya lammiiwwan dhuunfaa fi dhimmoonni hawaasummaa ittiin toowataman baasuun murteessaadha. Imaammataa fi seeronni akkasii guddinaa fi misooma hawaasa tokkootiif ulaagaalee dursa kennamaniidha; qajeelfamoota mirgootaa fi dirqamoota lammiilee waan of keessatti qabataniif jecha. Wantoota gootummaa qor-qalbiitiif barbaachisoo bu'uuraa ta'an keessaa, dhaabbileen barnootaa fi miidiyaan kaka'umsa kana sadarkaa sammuu namoota dhuunfaa fi waloo keessatti uumuuf dirqama qaban. Dhaabbileen barnootaa keenya dirqama karoora walsimataa fi akeeka-qabeessa baasuu fi amala tokkoo tokkoo namaatti hubannaa gahaa uumuun akka qaroomini barbaachisu isa keessatti uumamu gochuu qaban.
Qubsumni jaalalaa fi waliif mararfannaa hedduu dhiphatee jira. Namoonni baay'een akka miseensa hawaasa tokkootti osoo hin ta'in, namuma isaanitti dhihaatu qofatti jaalala ofii mul'isu. Fakkeenyi kanaa gosummaadha. Garuu, wanti amma mul'ataa jiru, jaalalli namoonni waliif qaban, hiriyyaaf, ijoollee fi ilmaaniifuu, jechootaan ykn gochootaan osoo hin ibsamin hafaa jira. Akka haqaatti garuu, sababiin diigama maatii tokkoo haadha manaatii fi ijoollee dubaraa giddutti jaalalli dhabamuudha; ykn jaalala dhugaa akka isaaniif qaban ibsuufii dhabuudha.
Jaalala Nabiyyiin (SAW) ijoollee abbeeraa ta'aniifii mul'ise hedduu na ajaa'ibe, yeroo osoo isaan masjiida keessatti kuxbaa godhaa jiru ijoolleen (al-Hasanii fi al-Huseen) itti ol seenanii

akka Inni Minbara irraa gadi bu'ee isaan simatu gaafannaan ciqilee isaa ijoollee irra kaa'ee kokkee isaanii jala dhungate. Kana daran kan nama ajaabi'u karaa Nabiyyichi bineensota manaatiif jaalala qaban ittiin mul'isuudha; wantuma bineensa fakaatuufuu! Yemmuu Gaara Uhud gubbaa bahe akkana jedhe, "Kuni gaara nu jaalatu; kan nuti isa jaalannu"

"Akka haqaatti, Rabbiin bareedaa; bareedas jaalata." Jechi Nabiyyii kun Muslimoonni bareedina Rabbiin jaalatu kana akka qabaatan ykn keessoo isaaniitti akka uffatan kakaasa. Yeroo argaan isaa isaan biraa deeme; ija sammuu isaaniitiin kana yaaduu qabu. Akkuma bu'aan yaada bareedinaa kan namni tokko akka isa irratti mul'atu yaadu guddataa deemuun, sun amala ykn yaada isaa irraa mul'ataa dhufa; jiruu tasgabbii fi dhugummaa qabdu keessa seera bareedinaa kabajee jiraata.

Gaheen bareedinni jijjiiramaa fi ce'umsa tattaaffii haaromsa Muslimootaa keessatti bahuu qabu irraanfatameera; aartiiwwan garagaraa fi muuxannoo dhuunfaa, akkasumas hubannaa bareedinaa qixa sirrii ta'een horachuu dhabuu irraa kan ka'e. Bareedinaa fi qulqullini amallan Rabbii ol'aanoo waan ta'aniif, Rabbiin bu'aawwan Guddinaa fi bareedina Isaa kanneen uumamtoota isaa irratti arguu fedha. Ammas, seera Islaamaa fi sammuun kamuu akka ibsanitti, kalaqni (mallattoon uumaa) Rabbii dhimmoota keenya hunda keessatti mul'atuu qaba.

Shri'aan ammas dhimmi barbaachisummaa hojii sirritti hojjatuu, nyaata madaalawaa fi qulqullina dhuunfaa qabaachuu kan isa yaachisuudha. Kuni hundinuu bareedina irra-keessaa kan galmoonni seeraa ittiin mul'ataniidha. Yoo kana hin ta'in, yemmuu Muslimoonni akka bareeda uumaa Rabbii xiinxalaa

jedhamanii ajajaman wantoota akka hawaa, urjiiwwanii, gaarreewwanii fi laggeenii, biqilootaa fi bineensotaa akkamitti raawwata? Bareedinni amala gaarii, qulqullinaa fi gaarummaatti nu qajeelcha; aarii fi dhiphummaa irraa nama ittisa. Yeroma walfakkaatu, kufaatimaa fi dogongora ofii ilaalaa ooluurra, fedhii akka namni biroo haalota bareedinaa sana irraa hubatu gochuutu nama keessaa mul'ata. Namni bareedina jaalatu haala laaffinaa, salphinaa, gad-aantummaa fi shakkii keessa jiraachuu ofii hin hayyamu. Inamaayyuu, sona jalalaa fi gara-laafinna Muslimaa kana ofii fi namaoota biroo keessattis jabeessinee babal'isuu qabna. Q ixa kanaan madaa jibbaa fi jeequmsa faca'aa turte fayyisuun, bareedina jireenyaa deebifnee waan hunda keessa babal'ifna.
Dhimma seeraa kan dubartoonni uffata haphii itti maxxanu, ykn kan irraa ol ka'u uffachuu qabdi jedhus kaasuun barbaachisaadha. Konkolaataa oofuun, fira foonii (dhiira fuudhuun hin hayyamamneef) waliin malee kophaa imala bahuu fi gaaffilee kana fakkaatan ilaallamuu qabu. Barbaachisummaan dhimmoota kanneenii dhimmoota bu'uuraa akka mirgoota dubartii garagaraa, gahee isaanii misooma keessatti qaban, dhaabbilee hawaasummaa keessatti hirmaannaa isaanii fa'a, xiyyeeffannaa xiqqaan akka kennamuuf gochuu hin barbaachisu. Taateen kuni gahee dubartootaa yarsee/dadhabsiisee dandeettii isaanis gadi qabe. Bakka ofirraa ittisaa kan amma dubartoonni keessa jiran ykn bakka isaan gadi qabuu kana irraa gara bakka fuulduraatti deemuun pirojektiilee misooma hawaasaa walitti fufoo

keessatti qooda fudhachuun karaa guddinaa haarawa addunyaaf banuudha.
Dabalataanis, carraan dubartoonni Muslimaa baratanii yaada murteessaa fi qabatamaa keessa seenuu hedduu xinnaa waan ta'eef, jalqabbiiwwan misoomaa baay'een silaa isaan tajaajiluu danda'an miidhamaniiru. Akka haqaatti, kaka'umsa burqaa Shari'aa fi kaayyoowwan isaa irraa maddu, kan yaada qabatamaa kan pirojektiiwwan guddina hawaasaa hojiirra oolchu arguu barbaanna; kan gahee dubartoonni hawaasa keessatti qaban ol guddisu. Amma yeroon warri oduu qofa himan gamoo qaqqaalii isaanii irraa bu'anii ijaarsa sirrii kan karaa yaada bilisummaa, haqaa, walqixxummaa, haaromsaa fi qaroominaa keessatti qooda fudhatan.

## GUDUUNFAA

Bakka kanatti gaafilee heddutu ka'u. Muslimoonni yaada haarawa burqisiisuu maaf sodaatu, ykn dhimmoota amma mul'atan kanaaf deebii xiinxala falaasamaa fi hawaasummaa sirrii, kan yaadonni haarofni akka seeraa fi sonoota amantiitti ni fudhataman moo hin fudhataman jedhu adda baasuu maaf sodaatu? Yeroo hedduu nama yaadu ykn xiinxalu maaliif akka farra amantii fi Muslimootaatti ilaalla, keessattuu gadaa namoonni amantii hin qabneyyuu gara Islaamaa deebi'uun haaromsa ilaalcha isaa giddu-galeessaa tahe irraa qooda bahachaa jiranitti? Maaliif xiinxaltoota muraasa, kanneen yaad-didda jijjiiramaa ykn pirojektiiwwan haaromsaa irraa nu ittisan akka diinaatti ilaalla? kan pirojektiileen sun sonoota waloo dhala namaa irratti hundaa'anii xiyyeeffannaa fi hojirra oolmaaf addunyaa mararra faca'anii?

Hawaasa bal'aa akka ergaawwan Shari'aa daran hubatanii, hayyoonni seeraas taateewwan haarawa hubachuun akka murtee sirrii kennan gargaaruu barbaachisa. Mata-duree kanarratti qorannoo fi barruu dabalataa gadi fageenyaan barbaachisa. Ergaawwan Shari'aa dameelee amantii Muslimaa cufaa fi seerota ittiin bulmaataa hunda of keessatti qabata. Muslimni kaayyoowwan kanneen hubatee akkamitti akka caaseffama seera Islaamaa waliin walitti hidhatu beeke, jallina irraa bilisa baha; gochaawwan fofokkatoo irrattis hubannaa gahaa argata. Gocha kami akka dursi kennamuu qabuu fi dhimma kam keessatti kamtu tursiifamuu qaba kan jedhus beeka. Qixuma ergaalee shari'aa hubateen, bu'aawwan shari'aan dhiirotaaf, dubartootaa fi ijoolleef qabus, gammachuu fi guutamummaa nama amantii sirritti itti hojjateef argamus ni hubata jechuudha.

## Barreessaa

MUSFIR BIN ALII AL-QAHXAANIIn, Zahraan Sa'uudi Arabiyatti, barnoota Tooftaa Bu'uuraa Seera Islaamaatiin (Usul al-Fiqh-Hundeewwan Beekumsaa) tiin gargaaraa pirofeesaraa yoo ta'u, Yuuniversiitii Kiing Fahad, kan Boba'aa fi Albuudaa keessa barsiisaadha.

# Kitaabni Kun

Kitaabni walittii fufaan (silsalaa IIIT) jedhamu kun maxxansaa dhaabbatichaa furtuu tahan walitti qabaman bifa cuunfaatiin dubbistootni akka hubannaa cimaa barruu bu'uuraa (orignaal) qabaataniif barreeffameedha. Maqaasida Shari'aa Beekuu barruun jedhu gara guddina seeraa, kaayyoo ol'aanaa fi dhimmota buulchiinsa islaamummaatti yaama. Akeekni isaas tooftaahaarawa kitaaba bu'e hubachuuf gargaaru uumuu fi ilaalcha fi gochaa muslimtootaa haaromsuudha.

Al qahataniin barbaachisummaa sadarkaalee hubannaa maqaasidaa hedduu ifoomsee jira.isaan kunis kaayoo maqaasidaa calqabaa(al maqaasid al –asliyya) fi maqaasida isii lamuu (al maqasid al tabi'ah) adda baasuudha. Innis kaayyoo shari'aa karaa sirrii tabeen hubachuun dhala namaa qajeelaa ta'ee fi guddina aadaa uummata musliimatiif akka fayyadu mirkaneessee jira.

Jajjabina ykn cimana hojii kanaa keessaa inni tokko, itti fayyadama kaayyowwan ol'aanoo fi akeeka shari'aa iddoowwan garaa garaa fiqh ykn seerota islaamaa kanneen akka dhalaltoowwan heera shari'aa (ifta) fi dhimmoota akkaan barbaachisoo rakkoo amma addunyaa musliimaa muudataa jirtuuf oolchuudha. Kunis;- gahee fi iddoo dubartootaa, rakkoo finxaalessummaa fi wallaalummaa, itti fayyadama karaa dogoggoraa shari'aa, balaa hamaa ilaalcha muslimootaa, fi daangaa bahiinsi amantii fa'a.

Dabalataanis, dhimmoonni yeroo hedduu bakki hin kennamneefi garuu jireenya hawaasaa fi xiinsammuu namaatiif akkaan barbaachisuu tahan hedduun kan akka barbaachisummaa bashannanaa fi ficiliqaa, oomisha sirnaan oomishuu